# Namni urjiiwwan irraa beekumsa wohii fudhate falfala irraa damee tokko fudhateera, hanga dabaleen ni dabala

Ibnu Abbaas irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni urjiiwwan irraa beekumsa wohii fudhate falfala irraa damee tokko fudhateera, hanga dabaleen ni dabala».

[sirrii] [abuu daawud, ibnu maajah, ahmad odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni baratee beekumsa urjiiwwanii fi seensa isii fudhatee, sochii isii, seensa isiitii fi ba'iinsa isiitiin, taatee dachii irratti ta'u du'a ebeluu yookaan jireenya ebeluu yookaan dhukubba isaatii fi waan sana fakkaatu waan fuulduratti argamu irratti akka ragaatti dhiheeffate, dhugaatti falfala irraa qooda wohii akka barate ibsani, ilmi namaa hanguma beekumsa kana heddummeesseen falfalas heddummeesseera.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee